Isaan lamaan kun adabamaaru, adabamuun isaanii waan guddaafii miti, tokkoon isaanii fincaan kan ofirraa hin qulqulleessine ta'e, inni kuun immoo gidduu namootatti kan namiimaan (walitti mufannaa namoota giddutti argamsiisuuf jecha haasaa tokko irraa gara kaanii geessuun) deemu ta'e

Ibnu Abbaas irraa odeeffamee -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- qabrii wahii lama bira dabranii, akkana jedhan: “Isaan lamaan kun adabamaaru, adabamuun isaanii waan guddaafii miti, tokkoon isaanii fincaan kan ofirraa hin qulqulleessine ta'e, inni kuun immoo gidduu namootatti kan namiimaan (walitti mufannaa namoota giddutti argamsiisuuf jecha haasaa tokko irraa gara kaanii geessuun) deemu ta'e" eegasii muka jiidhaa wahii fuudhanii isa bakka lamatti qoodanii, hunda qabrii irra tokko gadi dhaaban, ni jedhan (sahaabonni): " yaa ergamaa Rabbii maalif kana hojjatte?, isaanis ni jedhan: “waan mukni lameen kun hin goggoginiin Rabbiin isaan lameen irraa adabbii salphisuudhan kajeela".

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- qabrii lama bira dabranii akkana jedhani: Abbootiin lameen qabrii kana lameenii adabamaaru, ilaalcha keessan keessatti waan guddaaf adabamaa hin jiranu, Rabbiin biratti guddaa haa ta'uu malee, Tokkoon isaanii yeroo mana fincaanii seene fincaan irraa qaama isaatii fi uffata isaa eeggachuuf dhimma kan hin qabne ta'e, Inni kuun immoo namoota gidduutti namiimaan kan deemu ta'e, isaan gidduutti rakkina uumuf jecha haasaa isa kanaa fuudhee isa kaan bira geessa.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3010